

# Asoosama

---

—1—

Guyaansaa wixata duraati. Hojjattoota waajjira keenyaa dura kan dursee waajira gale ana. Ciree akkan hin nyaanne waajirattin yaadadhe. Akkan itti bule natu beekakaa!

Waajirri keenya kan argamu keessa beekkannoon safara 'Aduwaa' jedhamu, maqaansaa inni biraamtoo 'Lidataa' bakka jedhamuttidha. Safarichi Aduwaa kan jedhameef yaadannoo lola Aduwaaf osoo hintaane namootni maqaa kondominiyeemiitiin Aduwaadhaa dhufaniifi firummaa isaanii qaban waan hedдумминаан irra qubataniifidha.

,

Egaa ganamaan gara mana hojiikoo kan na seensise hojii osoo hin taane eeyyama waggaa fudhadhee boqonnaaf bahuufani. Guca ittiin eeyyama guutan fudhadheen gara ittaanaa ittigaafatamaa kootii dhaqe. Innis, "maaliif eeyyama bahuu barbaadde?" naan jedhe.

"Boqochuu fedheeni" jedheen. "Maal nagumamoo, fuulikees sirrii miti? " naan jedhe. Hoogganuu fuula hojjataa dubbisu kanatti ...fuulakoo ibsuuf yaaleen boqochuun akkan qabu ammas itti hime. Irra deddeebi'ee na gaafannaanan "Jaalalli waan na qabeef boqochuun qaba!" jedheen. Ajaayibamee "maal jaalalli yoo si qabe eeyyama maaliif si baasisa? " naan jedhe.

"Sababii jaalalaatiin muusa'aafi muka'aa waanan jiruuf hojii irratti dhiibbaa geessisuu mala" jedheen deebiseef.

Kolfa dheeraa natti kolfee eeyyamaaf sababa guutuu akka hin taane natti hime. Nan aare, nan gadde, nan dheekkame! "Akkamiin jaalalli eeyyama waggaa bahuuf sababa hin tahun?" jedhe... "Jaalalli hundee waa maraa mitii? Namni jaalateetoo dhabe maraataadhuma jedhamee hin sirbamnee? " Jedheen iyye. Gaaffiikoo caalaa iyyikoo ni dhaga'ame. Hooggantichi, yeroo sanaaf hojii akkan dhaabuu qabu natti himee murteessuufimmoo borumtaasaatti na beellame. Anis abdii guutuu horadheen guca guutee itti kennee gale. Garuu bariisa yeroon deebi'u, rakkoon qalbi (Psychological) akka waan na mulateetti fudhatan. Gara ogeessa saayikolojitti na erguuf akka murteessanis natti himame. Ani rakkookoo himadhus rakkoon isaan naaf argan kan biraati.

,

Deebichi akka - mana yaalaa dubartiin itti deessu gaafattee daandiin gara mana hidhaa geessu siif ijaaramuti. Kun deebii nuti itti barreedha. Abdii namaaf laachuun hoogganuu tokkoo, hojii hin ta'u. Lallabni afaanii qilleensa, waanta lafa qabatu, gochaatu abdiidha. Hooggantichi eeyyamaaf na beellamee jeeqamaadha naan jedhe. Gara ogeettii saayikolojiji waajirichaa tokkottis na geessan.

....

## Asoosama

---

—-2—-

...

Waajjirichi 'Saayikoloojistii' qabaachuusaa gaafasan bare. Waajjira dhuunfaa kan mataashee waan hinqabneef bakkuma duwwaa argatte teessi. Hojichaaf haaraa tahuu isheerraan kan ka'e waan ishee barbaachisuu afaan guuttee gaafachuuf sodaa qabdi. Ijaan yeroo baay'ee mooraa mana hojii sana keessatti ishee argus sababii hojiin ishee hin argineef barreessituu hoogganaa tokkoo taati jedheen fudhadha ture. Ogeettii qacaramtee hojii malee teessu kanaaf carraa hojii tokko banuu koof guddoon gammade.

Yaa jaalala kana,

Hojii hiiksisee ana,

kaaniif immoo hojii bana!

...

Waajira hoogganaan tokko hafe wayii argattee ol na seensifte. Barreessituun waajjirichaa kutaa isa fuulduraa keessatti haftee nuti lamaan qofti kutaa isa keessa, keessa seenne. Balbala keessaan cuftee...teessoo na affeertee, fuuldurakoo teesse. Fuuldurakoo !

...

"Yashiin" jedhama naan jettee gita hojiishee naaf ibsite. Anis maqaakoo itti himadheen dubbii ittaanuuuf ijashee ilaale. Isheen is ja keessa na ilaalte, ijjishee humna addaa qaba. Otoo na harkissee lafti naan hin mariinan daddafee lafa ilaale. Dhimma na barbaadduuf isa hooggantichi jedherratti hundooftee natti himuun rakkoo maaltu akka na quunname na gaafatte.

...

"Rakkoon tokkoyyuu nan quunnamne. Jaalalatu na qabe, jaalallikoo sardaa wayiiti. Kanumaaf eeyyama wagga fudhadhee jaalala qabbaneeffachuu barbaadeeni" jedheen deebiseef.

"Maalin, akkamitti qabbaneeffatta? naan jette, gadi jettee seeqaa.. Akka isheen daba yaadde waanan hubadheef "waaqni nan guddisiin! Isa ati yaadde kana yaadee miti, jechuun saalqunnamtii " yeroon jedhu ni seeqxe. Hidhiinshee yeroo ilkaansheerra saaqqatu balaqqeessi ilkaansheerra ifu ijakoo walitti na qabachiise. Ija gabii hin qabne jedheen yaadaan of abaaraa haasaakoo itti fufee, "...guyyumaan waanin ishee yaadaa dhiphadhuuf yeroo dheeraaf ishee faana turuun fedha" jedheen.

## Asoosama

---

"jaalalleenkee sirraa fagoo jirtii? " naan jette. "Lakki garuu, hojiinkoo baay'ee yerookoo fudhata. Hojidhaa bahee ishee argachuuf maatii bira waan galtuuf baay'ee natti cima. Sanbata mana barnootaa dilbatammoo mana sagadaa waan ooltuuf wal argaan fagoodha." jedheen.

Harkasheen maddiishee qabattee "Isheen maal hojjatti ?" naan jette. "Barsiistuuudha, baranuma qacaramten" jedheen.

..

"Yeroo waa'ee jaalalleek ee yaaddu maaltu sitti dhagayama? naan jette, iskriptoo ishee waraqaa irraa kaasaa..."

..

"yoon ishee hin argiin ture, hojikoon jibba. Hojiirratti yeroo gubuu koon ofjaalataa ta'een ofitti mul'adha. Ennasimmoo ofiyuu nan jibba. Bilbila bilbilee ammuman sagalee ishee dhagayu jaalalli ishee na rakkisa. Suura isheen naannessee ilaala. Ijaan yoo ishee arguu baadhe na hamuummachiisa. Yeroo hammina dubartootaa nabirratti namni haasa'uu an ishee yaadadheen 'nan dhabaa laata? 'n jedha. Dhiirri isheetti dhiyaatuufi wajjin hojjatu hundi waan ishee fudhatu natti fakkaata. Yeroo kana hojiin miidha. Kanaa mannaa yeroo bal'aa fudhadhee ishee faana wal arguun filadhe" jedheen.

"yoo ishee argitu maal gochuu karoorsite?" jettee na gaafatte.

"Buna isheen danfite dhugee... Harkasheetiin nyaadhee harkakootiin nyaachisu... Itti aansee..." jedheen abjuu eeyyama hojikoo keessaan mul'ate hedduusaa itti odeesse..

Amma dubbiin toora waan galeefiif waa'ee rakkookoo natti himuu eegalte. "hojii kee irratti 'concentrate' gochuu dadhabuudhaan yaadnikee iddo tokko qofaatti kan kufu yoo ta'e sammuukee gartokkeessa. Kanaaf ilaalcikke martuu idddoo tokkotti bu'uurreffama. Ati shakkiif jaalalaan booji'amtee walakkaatti yaadaan cinqamuun badaadha. Rakkoonkee akkan hubadhutti 'Obsessive love disorder' jedhama" naan jette. Obse...ssive ???? Jedheen afankoo keessatti deddeebisee dubbade. Maqaan mucayyoo an jaaldhee Obsee dha. #Obsee\_siif Laav Disorder !

...

-3-

Egaa Yashiin (Ogeettiin qorqalbii) waa'ee 'Obsessive love disorder' gad guuruutti cimte. Gurrakoos isheerrattin gate. Hedduu na gorsuu jalqabde. Gidduutti, iskiriiptoo qabattee jirtu lafa keessee kaatee milaan dhaabatte. Lukonis gara kootti yeroo qajeeltu ijjikoos faana culul jette. Uffata jilbaa olitti cite akka isheen uffattee jirtu olka'uusheenan hubadhe. Bifni lukashee qalbiikoo gargar hire. Hoo!.. Na bira

## Asoosama

---

geessee... karaa dugdakoo naannoftee rifeensa mataakoo tuttuquu eegalte. Dubbiwwan isheen dubbattu gartokkeedhaan dhaggeeffadheera. Gorsa hedduu fayyadantu afanshee keessa burqa. Gumaacha ogummaal! ..Gartokkeen yaadakoo garuu sochiif gochaa isheerra jira.

Rifeensakoo dheeraa akka haadha baheettiitti tuttuqxee yaadakoo garasheetti gumeessuunshees anaan fudhatee sokkeera. Booda yaadashee dhiiseen harkashee dhaggeeffachuu itti fufe. Hirribni mugaatii hin qabne, hirriba waggaa digdamii torbaatu altokkotti na dhuunfate. Otuman harkashee keessa jiruun gidduudhaan Obsee yaadadhe. Obseenkoo , jaalalleenkoo dhuftee durakoo dhaabatte. Ariitii addaan, bakkan taa'uu utaalee ka'ee harka hamaan Yashii kabale. Utuun arguu qubnikoo shan fuula ogeettii qorqalpii, Yashii irratti ka'e. "Edaa isin shamarran, dhiirotaakkana gootuu? Yoona Obseenis akkumakee dhiira bira tuttuqaa jirti! Isin bar hin taatanii... Amanamummaa hin qabdaniil..." jedheen aarii guddaadhaan afankoo keessa dubbiin hin malle yaa'e. An waanin dubbadhu haalaan hin qalbifadhu, isheenimmoo akka malee naatetti.

...

Otuman miira aariif naasuu keessa jiruun waajjiricha keessa kutaa isa fuulduraa...kutaa barreessituu irraa sagalee addaa dhagaye. Yeroon fiigee fuulduratti ba'u otoo minjaala irra dhaabattee uraa hantuutaatiin nu ilaala oduu dhaggeeffattuu... yeroon an aariin dubbadhu, barreessituun waajjirichaa naatee mucucaachuu minjaalaan kufte.

...

Yeroon bira gahu ciqileenshee harka mirgaa ni dhiiga. Baruunshee luqqa'eera. Luknishee hadoodaadha. Kana hundumaa mi'effannaaf jaalala odeeffannoorraa qabduu isheetti fide. Yashiinis na gargaartee ol ishee qabnee... 'Soft' fi bishaan kennineefii jajjabeessinee nu lachuu waajjirichaa baane.

...

Fuulli Yashii horbobbaa'eera. Anis qalbiitti deebi'een rukuttaa kootti gaabbee dhiifama gaafadheen. Isheenis dhiifamakoo kabajjee bilbila wal jijiirree beellamaan gargar baanel! 'Dhugumayyuu anaan gargaarsa addaa na barbaachisaa?' jechaan daandiikoo itti fufe.

\* \* \*

Mana galee siree sirnaan hin hafamneerratti dugdaan conqola'e. Isan Yashii, ogeettii qorqalbiirraa qalbii fudheettan hedduu gaabbe. Bilbilakoo olfuudheen bilbile..

"Hello.."

"Hello " naan jette.

## Asoosama

---

Otoon nagaa hin gaafatiinan "maaloo waa maraaf dhiifama naaf godhi. Sammuukootu boqochuu dadhabnaan irradeebiin dhiifama siin jechaa jira. Bor wal arguun dirqama keenya ta'a...." otoon jechaa jiruu "waan ati jettu maali anaaf hin galle "yeroo jettu nan nahe. Bilbila

gurrakoorraa kaasee yeroon ilaalu edaa an Obsee birattin bilbile. Him! Jechan deebisun dhabe

Namni na aarsee akka turef jecha hamaa akkan dubbadhe Obsee hubachiisee, eeyyama gaafachaa akkan jirus isheetti hime. Garaan Obsee garuu shakkii horachuu hin oolle.

...

-4-

Bariin miidhagina adeemsa uumamaati. Bariin ni bareeddi. Bar'ieef osoo hintaane bari'uun akka hin oolle galgallii waan mul'isuuf galgala argeen barii jaaladha. Bariin jijiirama bareedduudha. Galgalaa'uunis barii lafaaf sababa waan taheef hin jibbam. Sababni barii galgallis haa jiraatu.. Obsee waliin maqaa mucaa keenyaa "Barii" jennee akka moggaasnu haasofneerra. Otuma wal hin fuudhiin...Otuma waliin hin ciisiin!...mucaa hin dhalanneef maqaa baafneerra. Karooraan jiraachuudha.

Bariinan... barii lafaa dinqisiifachaa gara waajjiratti qajeele. Namni gara hojii deemu nyaara guuruun waan hin malle. An nyaara qofaa osoo hin taane fuula guureera, fuula guutuu!

Akkan waajjira galeen gara Ittaanaa Ittigaafatamaa keenyaan dhaqe. Dhimma eeyyamakoo hubachuu! Akka amma naaf hin eeyyamamne natti hime. Sababa yoon gaafadhu akka Yashiin, "haa turu, amma 'treatment' gahaa argatuutti" jettee, na dhorkiteetti natti hime. Murtiinkoo Yashii bira deemuu qofa ta'e.

...

Gara waajjira duraan itti na haasofsiifteettin Yashii arguu deeme. Yeroon achi gahu barreessituu waajjirichaa malee isheen hinjirtu. Duras waajjira ergisaa malee kan ishee waan hin taaneefi jedheen shakke. Waajjirri ergisaa... Teessoon ergisaa... Kobbeen ergisaa... Ergifannaan dhaabbata keenyaa guduruudhumaa queerrooti. Walmaraadha.

Waajjirichaa bahee yeroon duubatti deebi'u Yashii fagooraa as adeemtu arge. Yoo na bira geessu, fuullishee jijiiramee hiddi dhiiga addashee ka'ee ijaajjeera. Imimmaan ijashee calaleera. Maal akka taateen gaafadhe. Natti himuu diddee nabira darbuuf kaate. Haallishee na dhiphisnaanan harkaan qabee haasofsiise. Isheenis dhimmashree natti himuuf fedhii waan horatteef qabaakoo keessaa bahuuf baay'ee hin wixxifanne. Dafqa ijaashee haxaawwataa fuula natti deebifatte. Buna dhugaa haasawuufis akkum harka wal qabannetti gara kaaffee balbala dura jiruutti qajeele. Barreessituun waajjiraa, Aaddee Mihratasab foddaa banattee nu ilaala turte.

...

## Asoosama

---

An buna, Yashiin bishaan qorraa ajajannee haasaa keenya itti fufne. Yashiin hojjattuu 'kontiraataa'ti. Waggaal tokkoof waajjirichi ishee qacare. Teessoo fi waajjira hojji gaafattee "hojjettuu kontiraataaf bakkif miini dhaabbataan hin kennamu" jedhamtee, yeroo deebituudha kan wal agarree.. Ishees aarii keessa kan galchee ture.

"mee sittaa mul'atu, mee hojjetaan kontiraataa dhaabatee hojjetamoo muka jalatti hojji gaggeessa? Kan akkas naan jedhaniif maaliifi? Garaagarummaan hojjetaa dhaabbataaf kontiraataa kanaan addeeffamaa? Kan dhaabbateetoo hafu jiraa?" jettee jechoota tarree galan natti bobbaaste.

Imimmaanshee yeroo akka ija harbuu bilchaatee harca'an nan gadde. Ta'us, anis akkumashee gaafataadha malee deebisaa waanan tahuu hin dandeenyeef sirnichuman ajeeffachuu jalqabe. Sirna hudhamaa... Dhaabbata hudhamaa... Dhaaba hudhamaa... Kana otoo hudhanii jechuun itti fufe.

Dubbiinkoo aariishee kan qabbaneessu osoo hintaane daran ishee bobeessa. "Gubataan lama walitti gubattoota ta'a"garaan jedhee mammaaku hin dhabamu. Ji'oota shaniif akkasumatti qileensarra akka turte dubbatti. Deebii gaggeessitootaan aarii hin malle keessa galtee hojicha dhiisuuk akka qabdu dubbatte. Anis ishee tasgabbeessuuf fakkeenya du'aaf jiraa hedduun fayyadame. Amma damee biraan qabattuutti turuu akka qabdu nan amansiise. "Namni gaariinakkakee jiraannaan, bakki hamaanuu ni qajeela"naan jette, morma gad qabattee... Waanti akka gammachuwayii ija dura na faca'e. Ciminakoos olkaaseen ofkeessatti lallabe. Kaaffichaas baanee... haasa'aa ...gara mooraa waajjira keenyatti yoo deebinu, ammas Aaddee Mihiratasab foddaa irraan nu ilaalaajirti. Alaabaa foddaa!

...

-5-

Aniif Yashiin gargar deemuuf osoo nagaa walitti dhaamnuu Aaddee Mihiratsab, barreessituun waajjiraa, Yashii ofitti waamte. Yashiin gara waamamtetti, anis gara waajjiratti addadda deemne.

\* \* \*

Guyyaa itti Tolaan ija hamaan na ilaale nan abaare. Waajjira yeroon galu fuulli Tolaa kan nama biraan natti fakkaate. "Eessa turtee dhufta?" jedhee arraba ulfaataadhaan yoo na gaafatu, naasuudhaanin seeqe. Seequunkoo tuffii itti fakkaatee afaan na bubbute. Jechaan natti ariifate. Waanti ta'aa jiru anaaf hin galle.

...

Aniif Tolaan bakka hojiitti wal barre. Maqaaf haalli keenya tokko waan taheef akka harka bitaaf mirgaatti ilaalamna. Hojiin keenyas wal fakkaataa yoo tahu teessoon keenyallee wal cinadha. Waliin

## Asoosama

---

odeessaa...waliin qoosaa...hojii wal gargaaraa dabarsine. Dhimma Obseef yeroon dhiphadhu namni na gorsaa ture Tolaa qofaadha. Waanti waldhokfanneerra jedhee yaadu yoo jiraate qaama qaanii keenyaa qofaadha. Safuudhakaa!

...

Maal akkanni ta'e gaafadhus ifa baasee natti himuu dide, Tolaan. Mammaaksi Afan Oromoo gaafas inni natti haasa'aa ture hiika na wallaachisan. Afanumakoon hiikuu dadhabee. "Namni gaafa aare mammaaksaf sheekoo maaf yaadataa?" jette sammunkoo. Tolaan amma fedhu goggogaatti geerraree na gaarreffachaa gadi bahe. Anis Kompiutera dulloomaa durakoo akka Tulluu Baatuu dhaabate sanattin ija babaasuu eegale, aaraa...

...

Itti aanaan hoogganaa waajjira keenyaa dhufee maal akkan hojjachaa jiru na gaafate. Gabaasa raawwii ji'a jahaa akka ta'en itti hime. Itti gaafatamaan erga gara hojii dhufee jiini torba darbeera. Qaama ifaan ifatti isa gaafate hin agarre. Ittaanaa bakka buusee ofiisaatii lafa Investimentiidhaan naannoo Gambeellaatii fudhate qotachuuf deemeera. Iccitii kana namni beeku waan hinjirreef leenjii yeroo gabaabaatiif akka waan biyya alaa deemeetti odeeffama. Ittaanichimmoo akka waaqatti waan isa ilaaluuf bilbilaan ajaja fudhatee akka jirutti hojiirra oolchuuf guyyuu dhama'a. Bulchaadhuma gooxii keenyaa tokko faana wal natti fakkaata, lachuu maaliif jechuu hinbeekani. Ittaanaa waajjira keenyaa sana yeroo abaaran OPDO dulloomaa jedhuun... ☐

...

Gabaasa hojjachuu ittan fufe. Ittaanaan sunis ilaaluu jalqabee itti quufuu dide. "Gabaasa gabbisi" naan jedhe. Kun waldhabdeef nu affeere. Hanqinaaleen hojii jiran gabaasicha keessatti kan hammataman yoo tahu sababni hanqinichammoo hir'ina humna namaa ta'uun addeessee barreesse. Waajjira hoogganaa hin jirree fi ittaanaan laamsha'e keessatti hojii ija qabu hojjechuun ulfaataa akka ta'en ibse. Kun haqamuu akka qabuufi hojiin hin hojjetamne akka itti dabalamu na akeekkachise, ittaanichi. Kana gochuun natti akka cimuun itti hime. Ni aare, anis nan aare. Guyyaa tokkotti namni lama natti aaranii na aarsan. Tolaa isa kootiifi Ittaanaa ittigaafatamaa, Obboo Tawaldee! Kun lola keessaaf alaati... Obboo Tawaldee faana waligaluu dadhabne. Hammeessee natti kakate, "Likkiittin si galcha" jechuusaa nan yaadadha. Animmoo "kirriittin si galchan" jedheen garaa kootti... Huuqqisuu jechuudha. Hamaakee ni aarsita... Aarsitee huqqista... Huuqqataasaatti ilmoo itti guddista!

Kompiutericha cufeen gara mana barnootaa deeme, barsiistuu arguudhaaf. Obseekoo bira!

...

-6-

## Asoosama

---

Gara Barsiistuu Obsee, jaalleekoon deeme. Aarii namicha ittaanaa keenyaa ofirraa haquuf... Obseen yeroo an dhaqu barsiisuuf daree keessa reef galti. Barattooni ishee dallansiisan yoo jiraatanillee akkakoo hojii addaan kutuu hin feetu. Dubartoonni waan qabatan jabeessuu irratti cimoo akka tahan amala barsiisummaa Obseerraan mirkanoeffadhe. Obseen obsituudha! Maqaa Obsee jedhamus kan moggaaseef harmeesheeti. Dursanii abjootanii laata? Waaq haa beeku!

Obseen daree keessaa daftee ba'uu didde. Inuma barsiifti, animmoo taa'een ishee eega. Yeroo dheeraa itti fudhate. Baga! Turuu isheettiin aariin narraa bade. Naamusa hojiif isheen qabduufi barattoota taa'anii waa baruuf hamilee guutuun caqasan arguu caala kan aarii namarraa hir'isu maali? Hegeree biyyaa isaan keessatti argeen gammade. Dhaloota boruuf aggaamateefi hojjattoota dhalootaaf ofkennanii dafqan...arguun ayyaanomuudha.

...

Obseen barsiisuu xumurte, barattoonis gara dirreetti barnoota ispoortiif yaa'an. Obseen na bira dhufuu "dhiifama waanin tureef" yoo naan jettu, "lakki" jedheen, galatni akka ishee barbaachisuun ibseef. Dhugumatti hojii ofii haalaan hojjechuun galata hin barbaachisu. Garuu bara hamileen hojjataaf hin laatamnetti, mindaan sirnaan hin kanfalamnetti, kabajni ogummaa hinjirretti nama qajeelinaan hojii gaarii hojjatuuf 'Galatoomii' dhiyeessuun jajjabeessanii si'eessuuf oola. Aantummaa mul'isa.

...

Obseekoo harka qabadheen gara qarqara dallaa tokko deemne. Gaaddisa maangoo arganee dhaqnee jala teenye.Ya gaaddisasa!

Gaaddisa addaa sana jalatti Obsee bareedduu faana turuun qarqara galaana Diimaa taa'anii cuunfaa maangoo dhuguu faana takkuma.

Obseetti kanin keessa tureef waa'ee eeyyama gaafachuukoo yoon seenessuuf kolfa natti duute. Qabsoon an taasiseef inaaffaa keessakoo ture olkaaftee ilaaltee takka ajaayibsifachaa... Takka lalatti dabala... dubbi afaanii na guurte. Otuman itti odeessuu simboo addaa uumaan isheetti uwwiseen booji'ameen uffata uniform barsiisootaa isa adiin san irratti garagale. Tapha jabaa keessa seenne. Margi lalorra jiru akka addaa qaamaaf ijatti tola. Margarra gangalachuu keenyaan uffati adiin barsiistuu Obsee magarisomeera. Koos rifeensi huuba guurrateera. Walirra gangalanne, wal qocolle. Tapha mataa keenyaa uummanne. Gidduutti fuulli keenya walitti garagale. Otoo hinbeekiin handhuura ol laphee Obseerran jira. Qaamni keenya ho'eera. Ijji keenya walirra bu'ee wal ilaalu dadhabe. Ija walitti qabannee... Yeroo jalqabaaf... dirree manabarumsaa keessatti fuulli keenya lamaan walitti deemuu eegale. Nu lachuu miira addaa.. Miira ho'aa..hammisaa hin tilmaamamne keessa seenne. Qaamni dhungoof uumame otuma saffisa hin safaramneen walitti fiigaa jiruu kolfi barattoota naannoo keenyaa nu daawwataa jiranii nu dammaqse. Afaan qabatanii otoo nutti kolfanii harkaa kolfi futta'e. Ofqabuu dadhaban. Ni dhageenye, ni dammaqne, akki aariis akki naasuus nutti dhagayame. Barattoota barsiistuu

## Asoosama

---

Obsee kan barnoota ispoortiif dirreetti yaa'antu nu argee kolfe. Barsiisaa Dhaabaan barattoota barsiisuu dhaabee innillee dhaabatee nu ilaala ture.

...

Na caalaa kan itti dhaga'ame Obseedha. Hamilee akkamiin barattoota sana dura akka dhaabachuu dandeessu yaaddee sodaatte. Oduu odeeffamuu danda'u tilmaamtee wareerte. Obsee jajjabeessuuf yaaleen miira gargarcabeen adda adda galuuf dirqamne. Manatti galee garuu boqonaa hin arganne. Gaaffiin tokko keessakoo deddeebi'e. 'Barsiisaa Dhaabaan barattoota ispoortii barsiisuu dhaabee maaliif dhaabatee nu ilaala turee?' Gaaffii jabduu sammuu kootiiti.

...

-7-

Tolaan erga natti aare, hoogganaan erga na lolee kaasee gara mana hojii dhaquun natti ulfaate. Bilbilakoo cufadheen manatti dabarsuuf yaade. Waajjira yoon dhaqes dhukkubbii malee hojiis akkan hin hoijenne nan hubadhe. Sarara hojii cufadheen guyyoota sad'iif dubbisaan ture...Firootakoo dubbisaas... Hiriyootakoo dubbisaas... Ollootakoo dubbisaas... Atakaroo 'Facebook' dubbisaas... Kitaaba tokkos dubbisaan dabarse.

\* \* \*

Obseenis hamilee ittiin gara mana barnootaa dhaqxu dhabde. Maqaanshee akka yakkamu barattoonnis akka itti kolfan tilmaamtee sodaatte. Guyyaa tokko lafa ooltee gara hojii of jajjabeessitee dhaqxe. An garuu akkasheen mana turte hin beekun ture. Otoon beekee, achumaan gara hawwii koottan ishee fudhadha ture. Namni waliin hin haasofne silas maaliin wal arga ?

...

Jalqaba akka mana barumsaa seenteen kan Obsee arge Dhaabaa dha. Dhaabaan fuulasaa iddoo sadiiitti cabsee "Barsiiftuu Obsee, ati dhuguma barsiiftuudha. Barattootakee waa maraa barsiisuukeen cimina gonfatteetta. Kanas gaggeessaa mana barnootaa keenyarraa firii gahaa ni argatta" ittiin jedhe. Obseen garuu deebii otoo hin laatiin gara waajjira barsiisootatti qajelte..

\* \* \*

Gaafa 4ffaa otoon mana jiruu balballi manakoo rukutame. "Yaa waaq, warra abbaa manaa maaf natti ergite? Kiraan manaa gaheeraam" otoon jedhuu ammas dabalanii rukutan. Yeroon gadi ba'u nan na'e.

## Asoosama

---

"Akkamiin manakoo beektee dhufte? "yeroon jedhuun "Tolaatu na fide" jette, Tolaan suuqidhaa waa bitaa jirutti quba qabaa... Kan dhufte Yashiidha, ogeettii qorqalbii (xiinsammuu) waajjira keenyaa! Simadheen manatti galle. Tolaanis kaardii bitatee guuttachaa nu boodaan dhufe.

Keessummaa natti dhufef dhugaatii lallaafaa fidee haasaa nageenyaaf jirenyaa jalqabne. Maaliif akkan hojiirraa hafes na gaafatan. Baay'eesaa dubbachuu hinfene. Tuttuqanii dadhabnaan dhiisanii tapha biraatti seenan. Garuu hojiitti akkan deebi'uuf natti watwaatan. Fuulli Tolaan ammayuu hiikamaa miti.

Tolaan giddudhaan gadbahee mana duuba qixa foddaakootii xiqqoo hanqatee bilbila bilbilee nama faana haasawa. Guyyicha mana uraa qabuuf dhaaba manaa cimaa hintaane si'a jalqabaafan jaaladhe. Kan Tolaan bilbilaan haasawu hundi dhufee gurra na qaqqabe. Suuta jedheen dhaggeeffadhe. Tolaan Obseedhaaf bilbile. Yakka ani hin qabne dhuftee akka argituuf itti dubbate. Ani Yashii manatti waamee akkan ishee faana basha'aa jiru fakkeesee itti odeesse. Obseenis lafa daqiqaa digdama deemisu deemtee dhuftee nu ilaatee na salphisuuf murteesite. Oduunsa hundi gurrakoo na lixe. Yashiin garuu sirba Keekiyyaa Badhaadhaa takkaa dhageesee hinbeekne dhaggeeffachaa turté.

...

Tolaanis bilbila Obsee waliin haasa'ee xumuree ol deebi'uun balbala gubbaa dhaabatee otoo hin seeniin dhimmi ariifachisaan akka isa quunname, bilbilanis akka isa waaman nutti himate. Ammuma deemuu akka qabus gurra nu buuse. Yashiin cimsitee gaafattus inni garuu otoo deebii hin laatiin karra dura qaqqabe. Anaaf diraamaan inni dalaguutti jiru waanan dhagayee bareef baay'ee nan dinqine. Yaa namaa, "akkas akka salphaatti kan jijiiramtuuuf... Haalli xiqoonis darbuu danda'u akkas kan si godhu ati dhugumattiyuu supheedha"n jedhe, garaa kootti... Tolaan anaaf Yashii qofaa manatti gatee deeme. Obseenis dhuftee nu ilaaluuf karaa jalqabdeetti.

...

-8-

Daba Tolaan kana xiqoon itti yaade. Boodarra anis Yashii faana dafee manaa ba'uu akkan qabun murteesesse. 'Deemnee Tolaan maal akka tahe hubanna' sababa jedhuun Yashif dhiyeesse. Yashiin suura Obsee guddatee jiru argitee ijaan irratti hafte. Isan an jedhu seeraan na hin dhaggeeffanne. Suuruma Obsee ilaalti. Hiriyaankoo ishee akka taate itti himeen irradeebiin akka dafnee deemuu qabnu ibseef. Tolaan tolaaf akka hindeemne, akkan yaadda'e fakkeeseen itti dubbannaan, na amante. Suura Obsee isa mararteen ilaala turte lafa keesee wajjin manaa baanee deemne. Tolaan maal tahe laata? jechaa qajeelle. Dhugumattuu, Tolaan maal akka ta'e wallaaleera.

...

## Asoosama

---

Yashiin bilbila Tolaaf bilbiltee eessa akka jiru gaafatte. Innis bakka jiru himuu hinfene. Nagaa tahuu Tolaa Yashiin ni mirkaaneffatte. Achiis nuti gara kaaffee tokkootti gorree teenye.

...

Obseen manakoo dhaqxee cufaa tahuusaa agarte. Achilis gara kootti bilbilte. Yeroo haasoftu sagaleenshee nama hojiirra ture fakkaata. Afuura gargar citaattu natti dhaga'ama. Akka fiigicharra turte hubadheen, maqa afaanif maal akka taaten gaafadhe. Manakoo dhufuushee na dhoksitee karaa deemaa akka jirtu natti himte. "Ati eessa jirta ?" naan jette. Bakkan jiru ittan hime. "Tolaa barbaadeen bilbila kaasuu dide, garam jira ?" jettee na gaafatte. "Duraan mana wajjin turre, amma garuu hin beeku, otuma mana jirruu ba'e" jedheen deebiseef. "Booddee wal argina" jettee bilbila cufatte, Obseen. Anis kolfa dheeraan kolfe. Sobaaf qaanii Tolaa... Dadhabbi Obsee... Dhugaakoo ! Kolfa dheeraan kolfe... Akka Yashiin nabira jirtu "maaltaate ?" yeroosheen naan jettun yaadadhe. "...Yaaduma" yeroon jedhuun "maraatuu" naan jette. Hiikameen Yashii faana haasaa ho'ifadhe.

Dhumarra gochaa Yashii nan yaadadhe. Isa isheen suura Obsee akkamalee ijaan reebaa turten qalbii keessaa as baase. Otoo isheen dhiira taate silaa achumattin ishee hambisa ture, yeroo suura Obseekoo akkasiin ilaaltu... Baga dubara/tii taate... Leel! Ijakoo daawwitii mana kaaffee keessaan qaaritee alatti nama to'attu sana gara Yashiitti naannesseen, "maaliif suura Obsee akkasiin ilaala turte? "n jedheen. Xiqqoo seeqxee.... Seeqan an jibbu tokko... Isa harkaan maddii qabatanii hidhii jallisuun seeqan tokkoon... seeqxee "maal yoon ilaale? Isheen islaalamuuuf anis ilaaluuf mirga hin daangofne qabna" naan jette. Akkataa dubbii Yashii hin jaallanne. Haasaaf deddeebii dheeraa booda, Yashiif Obseen Yunibarsiitii tokkotti akka barataniin odeeoffadhe. An maqaa akaakayyuu Obsee hinbeekun ture. Maqaa guutuu Obsee amma akaakayyuutti natti himte, Yashiin. Sii safuu jedheen kanin dhagaye gurratti naqadhe. Namni warqee hin qabne oduu gurratti naqataaka!

\* \* \*

Simboon Obsee isa hin teessisu. Akkumakoo waan isas rakkise natti fakkaata, yoon rakkoosaa rakkoo koorraan ilaalu.... Bilbila jijijiiree Obseef bilbiluun amalasaati. Bushaa'uun SIM Card namoota wal sossobbataniif, jaalalaaf waliin haasa'aniif carraa gaarii baneera jechuuf qorannoo addaa hin feesisu. Otoo gatiin 'kaardii's gad bu'aa tahee hammi sossobbii dhiiraaf dubaraa olka'aa ta'a ture. Ammas yoom dhiisan, surreetu jilbarran... Shurraabat dugdarran dhuma malee...(dugdaan ciisanii waan haasa'aniif) Egaa, Karaa tokko yoo itti cufame karaa biraan itti dhufa. Nama isaaf hin uumamne kooti jedhee abdata, abdii isaa arguufis tulluun inni hin dhiibne hinjiru, kankufuuf dhabe malee... Amma uraa xiqqoo argate fayyadamee maqaballeessii Obseetti taa'eera, barsiisaa Dhaabaan.

...

Qoccolloon barsiisaa Dhaabaa, Obseetti hin tolle. Mudoo xiqqoon guyyaa tokkoo humna jabina Obsee baroota hedduu laaffiseera. Obseen ennaa teessee naaf seenessitu qalbii kootu miiccamma. Daayirektarri

## Asoosama

---

mana barumsichaa dhugaa jiru gaafa baru Obseerratti waan tarkaanfii hin fudhanneef aariin Dhaabaa jabaataadha. Obseedhaaf waa'een gochaa Tolaas gaaffiidha. Afaanii baaftee garuu nan gaafanne. "Namni waan icciitii hintaane gola keessa kaawwatu gaafa itti ajaa'u gadi baasa!" jedheen mammaake garaa kootti...

...

-9-

Namoota nama ta'anii dhalatanii nama ta'anii jiraachuu dadhaban... Amala namummaa otoo kabajuu danda'anii namummaa warra mulqatan... faana turuun mataa cabuudha. Bakki hojiikoo bosona lubbuqabeeyyiin hundi keessatti argamu natti fakkaate. Bakka oolan hin hanqatan, miillikoos gara waajjira naan dhaqe.

...

Karra fuulduraa akkuman ol lixeen ijzikoo beeksisa haaraa irratti qiyyafatte. Anillee beeksisa narratti ba'en arge. "Guyyoota shanii oliif hojiirratti waan hin argamneef sa'atii digdamii afur keessatti dhuftee akka 'report' gootu, ta'u baannan gaaffii kamiifuu itti gaafatamaa taata" jedha. Namni na cina osoo jiraatee isan an sagalee olkaasee "Tole" jedhe dhagayee natti kolfa. Tole jedheen gara keessaatti miila kaase.

...

Akkan waajjira seeneen Tolaa faana wal argeen harka fuudhe. Harka fuudhaa qoraa dhaan na dubbise. Teessookoo qabadhee taa'uus dubbiin Tolaa waan na waraanaa tureef gaaffiinan isa mudde. "Maaltaatee akkas taata?" jedheen gaafadheen. Jechoota irra dabee homaa akka hintaane waakkate, waakkii sobaati. Gochaasaa hundumaa duraa duubaan itti kaaseen jijiirama amalaa inni fideefii daba inni hojjateef guddoo isa ceepha'e. Mataa buusee yeroo bal'aaf erga na dhaggeeffatee "ati ofjaalataa dha, ati ofittoodha, akkasumas ati sagaagalaadha" jedhee arrabsoodhaan natti dubbii eegale.

Qubootasaa gidduu iskiriptoo kaa'ee yeroo nananneessaa natti qaaqu dubbiis akkasuma sammuu keessatti waan waliin maraa jiru faana tokkuma. Ijjisaa natti boba'u baatirii dhagaa fixxe fakkaata. Diimatee diimatee...akka ija fattee as natti baba'eera. Aniif Tolaan tasumaa akkasitti walitti haasa'uun waan hin malledha. Jechi ati sagaagalaadha jedhu sammuukoo na dhukkubse, na naasise, na gaddisiise.

"Maaliif akkas jetta, Tolaa?" jedheen gaafadhe, miirakoo tasgabbeessee... "Atiyyuu beekta, maalsaa na gaafatta?" jedhee natti deebise. Ittuu bitaa natti gale. "Dubbiinkee ifa mitin "jedheen.

Tolaanis ijasaa narraa hin buqqaane sana natti jabeessee "hojiikee tokko tokkoon siif lakkauu nan danda'a" jedhee ka'ee dhaabate, miilaan. Waanum dhufee funyaankoo narraa gatu fakkaata. Taa'anii

## Asoosama

---

rukutamuurra dhaabatanii wayya jedheen anis lukakoon dhaabadhe. Harkakoos nan sassabbaadhe, jechuun harkakoo lachuu dugdakoo duubatti dabarseen waliin mare, lolaaf akkan hin kaane ibsuuf.

Tolaanis itti fufee, "ammas siinan jedha ati sagaagalaadha, Harka tokkoon Obsee harka tokkoon Yashii hammatta, fuula hiriyaakee ilaaltee hin beektu, Yashiin an jaaladhuakkamiin akkas goota? Akkamiin otoo qabduu... Otoo qabduu... At hin taatu..." naan jedhe. Waanin jedhu wallaaleen afaan qabadhee ijumasaa keessa ilaale. Jilba kootti bishaantu nam'e. Haasaan isaa akka bookee na ciniinee akka busaa na hoollachiise. "Tolaa, darbaa hin dubbatii. Waanti jettu kun naaf keessummaadha." yoon jedhuun "kana booda tarkaanfiin danda'uun sittan deema. Ati ammayyuu hinbeeku jettee na sobaa jirta. Kun waan namni hundi beekuudha. Ragaa angafaa, ijaaf ijatti, waajjira keessaaf alatti kan si qabde barreessituu Mihiratasab gaaftokko ijakee duratti ni dubbatti." jedhe Tolaan.

Deebii otoo hin laatiin, dhaabannee akka ija keessa wal qotaa jirrutti Obboo Tawaldeen, ittaanaa ittigaafatamaan waajjira keenya balbala darbatee nutti seene... Lachan keenyaa achumatti naanee hafne...

...

-10-

Ittaanaan Ittigaafatamaa keenyaaakkuma ol seeneen nu ilaale. Nu ilaale malee nun agarre. Ijsaatu nurra bu'e malee qaroonsaa nun hubanne. Kan inni bare yoo jiraate, anaafi Tolaan dhaabachuu keenya. Ija Obboo Tawaldee kan qabe aarii biraati. Of nyaata, of hooqa. Waanti inni itti jiru hin beekamu. Dhumarra gara Tolaatti garagalee "har'a namni waajjira kana keessaa gaggeeffamu ni jira" jedhe. Otoon ilaaluu fuulli Tolaa ifa uffate. Dubbiin gara kootti akka deemaa jiru tilmaame. Akka garaasaaniitti haa haasa'an jedheen kutaa waajjirichaa keessaa ba'e.

--

Otoon mataa buusee mooraa keessaa gadi qajeelaa jiru sagalee duubaa na waamuun dhaga'e. Fiigdee na hordofaa jirti, Yashiin. Dhaabadheen ishee eege. Dhuftee natti maramtee na dubbiste. Ho'i aarii nama cabsachiisu natti dhagahamus jechi Tolaa qalbiikoo keessaa killise. Dafeen irraa siquee nyaara guure. Eessa akkan deemaa jiru na gaafannaanan waanan deebisu wallaale. Lukni aariin manaa baase garamii hin himattu! Otoo hin balleessin garba badii keessatti kan na cuube Tolaa yaadachaan, baqasaaaf

## Asoosama

---

akkan deemu addeesseef. Sababa malee wal baqachu... Wal amantee dhabuun. Shakkii yaraan... seenaa sobaa mamiin qalbii keessatti ijaartuun saayibummaa diiggate... Jaalala maseene... Jibba dagaage... Tokkummaa hadoode... kan gola keenya jiru jireenyakoo kana keessattin ilaale. Mudannoonaawitiidha, daawwitiin akeektuudha jedheen yaadakoo gara Yashiitti deebise. Yashii dhiisee deemuuf yaalus na gadhiisuu didde. Wajjin turuuf murteessinee gara mana buna jabanaa tti qajeelle. Buna dhugaa haasaa itti fufne.

..

Maal akkan ta'e itti himuun dirqamakoo ta'e. Balaa Tolaan sababa isheetiin natti darbate jechootanan itti agarsiise. Dirmammuu yaadakoorraa ifee mul'atu qalbiidhaan argitee akka naaf gadduu wayii taate. Naaf gadduushee keessatti ofiif gammaduushee gaafan argu hedduun rifadhe.

..

"Tolaan dhuguma na jaalataa? Dhuguma sababakoof si abaaree?" naan jette, Yashiin. "Eeyyee" jedheen harkashee rukutee mirkaneesseef. Harkisheerratti gadikuftee seeqxe. Itti dabaltees, "Tolaan si'iin yeroo maaliif Yashii hammatta jedhu, maaliif baga hin jettuun turt?" jettee kolfit. Qoosaa se'een "Arrabakoo narraa murakaa" jedheen hidhiikoo jajallise. Yashiin cinakoo waan jirtuuf gateettii kootti hirkattee "Tolaan baga siin lole, gateettii kanatti hirkachuun anaaf akka malu dursee abjoteera. Siifis anuma waan wayyu natti fakkaata" naan jette.

Hedduu rifadheen, Yashii gateettii koorra kaasee "ati akkamitti wayyita? Si'iin eenu filannookoo keessa galche?" jedheen itti oori'e. "Mee suuta haasa'i" naan jette, namoota buna dhuguuf dhufan cinatti mimil'achaa. Itti fuftee, "Dhugaa tokkon sitti hima, sitti ulfaachuu mala. Innis bor akka Obsee dhabdu waanin beekuuf durseen riqicha tasgabbii siif ijaare. Riqichichis ana. Kanamtoo bor iftaan ni agarta" naan jettee sammuukoo qixa lamatti hirte.

...

Yashii arrabsuuf jechoota olguurradheen "ati jinniidha, inaaftuudha, mortuudha, Ati mimmii Sibaatuut, ati Geetachaw Raddaati" otoon jechaa jiruu harkasheen afaankoo qabde. Akka maraatuun afaankoorraa harkashee darbadhee yeroon olka'ee deemuuf qajeelu na duukaa kaate. Isheenis lafaa kaatee akkuma na horfoteen gurbaan biroo iddo bunaa ture kanbiroon utaalaa nu hordofe, kansaa tumsa wayii natti fakkaate. Dhaabadheen eege. Yashiinis akka nabira geesseen "Mee callistee ol hin utaaliin. An Obsee Yuunibarsitii keessattin beeka. Ati dhiyoo tana barti. Obsee baruudhaaf barsiisaa Dhaabaa waa gaafadhu. Sana booda waan feete raawwattaa!" jettee nabira kutte, Yashiin. Daqiiqaa shanii oliif achumatti hafeen gaaffii daakaa ture, waa'een barsiisaa Dhaabaa sammuukoo duuche. Akkanni bilbilee rakkisu qofaan beeka. Yaadee yaadeen homaattuu bahuu dadhabe. Gurbichi iddo bunaa ture garuu achuma dhaabata. "Maal barbaadde, namichoo?" jennaaniin, "gatii bunaa hin kanfalle, isa fudhachuufan dhufe" naan jedhe, sagalee mararteetiin.

....

-11- (isa xumuraa)

Obboo Tawaldeen fuullisaa baaqelaa affeelame fakkaata. Aariin iddooin hin eegamnetti dhufuut qamaan nama baati. Namni aryatamu akka jiru, fiixeen oduu Tawaldeen qabate anaaf miti. Inni garuu ana se'ee ture. Tolaan irrattis waanti funaanamu hin turre. Obboo Tawaldee, ittaanaan mana hojii keenya aryatamuun mataduree oduu guyyichaa ta'e. Ragaa barnoota sobaatiin kan sadarkaa guddarra ga'e Tawaldeen, amma irratti waan barameef hojiiraa gaggeeffamuun dirqama ta'e. Xalayaan irratti barreeffames gargalchaan waajjira keenya qaqqabe. Ittigaafatamaan waajjirichaa takkaayyuu waan hojii hin galleef innis akka aryatamuu malu ni odeeffame. Jarri waggaa hedduuf sobaan barcuma qabatanii biyya sobaa ba'an, carraa namootaa cufaa turan akka yakkaatti itti gaafatamuu laata? Gaaffiikoo ture.

\* \* \*

Akka Yashiin jette dhimma Obsee baruuf Dhaabaa bira hin deemne. Obseedhuman gaafachuuf beellame. Akka duriif hamma durii caala guyyicha natti bareedde. Huccuun dheeraan isheen uffattee turt, maddi Booranaa, gaaffiikoo simboon ukkaamsan. Olka'ee ishee teessisee gaaffiin ol ishee darbachuun natti cime. Simboon na jallise, bareedinnis na gowwoomse. Isan dhaqeef dhiiseen isan hin dhaqneef faana sokke. Dubbicha Yashiidhuma irraan qulqulleeffadha jedheen murteesse. Obsee faana taphannee... Silas taphuma afaanii qofaadhaa... Otoo kaaniif qalbiin yoomi? Jettuu akka hin hafne of amansiifnee gargar deemne. Namni waan argachuusaa beeku ni abdata, anaa abdatu!

\* \* \*

Obseef Yashiin yeroo yuunibarsitii baratan kutaa ciisichaa tokko keessa turan. Dhaabaanimmoo hiriya Obseefaa kan taate durbee Lattuu jedhamtu jaalatee ture. Sababa Lattuutti Obseef Dhaabaan wal baran. Sana booda garuu icciitii jiru natti himuuf Yashiin ni mummu'amte. Ta'us afaan qotee dhiisuu didnaan kan ta'e gabaabsitee natti himte.

"Dhaabaafi Obseen dursanii qorumsa waan xumuraniif gara maatii galuuf dursanii yuunibarsitii Hawaasaatii ka'an. Garuu imala manaa bahaniif dhiisanii magaalaa Baatuutti bu'uun waliin bulan. Kanaan waliin sagaagiluun isaanii ni saaxilame. Kanarraa kan ka'e Lattuun jaalalleeshee ganamaa Dhaabaa ni dhabde. Ergasii kaasee Dhaabaafi Obseen wajjin jiraataa turan. Ammas kunoo faana walii hordofanii mana barumsaa tokko keessa barsiisu. Animmoo jaalala ajaayibaa isheedhaaf qabdu waanin argeef yoo dhugaa kana bira geesse akka ogeettiittis akka obboleettiittis na jalaa miidhamta jedheen siin lolaa ture" jettee naaf seenessite, Yashiin. Bishaan na liqimsu dhabeen jiraa goggoge. Kan Yashiin dubbattu amanuufis dhiisuufis natti ulfaate. Shakkiin koo durii, waa'een Obsee dhabuu akka dhugoomaa

## Asoosama

---

jiru natti mul'ate. Gaaffiin addaa sammuukoo muddee imimmaan ijakoo calale funyaankoo cinaan dhankal... dhankal... jedhe. Yashiin naatee ofitti na qabde.

\* \* \*

Giidoo du'aadhaanin karaa gubbaa deema. Dubbiin na macheessee luunikoo walmara. Lafa ilaaluu dadhabeen samii keessa ilaala faana fuudha. Yaa Obseen jedha. Maqaan waama. Nan raata'a qofaakoo... Otoon qaamaan yaada keessa dhidhimee jiruu duubaan harki tokko saggoo na qabe. Mormakoo yoon haqanqaalladhee itti naanna'u huccuu gurraacha gubbaa amma dakaatti uffateera. Rifatuu keessan bade. Haguuggii yoo ofirraa kaasu Tawaldee tahuusaa nan bare. Ittaanaa Ittigaafatamaa waajjira keenyaa isa turedha.

Maal akka barbaadu gaafannaan ana akka tahe natti hime. Ijjisaa diimatee sagaleensaa furdatee garajabeessa hamaa isa fakkeesseera. Hidhii ciinnatees "ati maal narraa qabda? Maalan si godhe? "naan jedhe. Maaliifakkanni jedhu wallaaleen gaaffiin xaxxarfe. "Akkan ani aryatamuuf kan shoora olaanaa taphate si tahuu odeeffadheera. Ragaa sobaa ani of harkaa qabus akka qoratamuuf kan deddeemee narratti himata bane si akka tahe bareera. Buddeenakoo bara dheeraa kaleessa dhuftee na dhabsiisuu keef gatiikee siifan kenna, ati diina kooti"naan jedhe, Shugguxii tafasaa mirgaatti jiru shurraaba irraa kaasee natti agarsiisaa...

"Kan ati jettu kana an hin beeku, oduu sobaati... "jedheen kirkira... Bishaan gala gahe nama galaafataaka! Dhugumattis hin beeku. Haalli Obboo Tawaldee nama sodaachisa. Baay'ee natti game... Namoota fagoorraa wacaa dhufan gaafan argu afuurrikoo gargar cite walitti fayye. Innis deemuuf jarjaraa "dubbii kana akka natti fiddetti narraa buusi, tahuu baatu garuu rasaasa kana siifan qopheesse "jedhee aguuggatee daandii qal'oo karaa bitaa jiruun kute.

....

.itti fufa



.

...Kutaa 34ffaa...¶¶

Cabaqni Irraantuu qalbii nama hata. Reef wagga lama geessi. Haati Simbirees wajjin culul jetti. Obseen yeroo ijoollummaa, Irraantuu keessatti mul'atti. Anis abbaa Irraantuu yoo naan jedhan gammachuunkoo daangaa darbee kolfikoo akka tulluu fagootti mul'ata.

Irraantuu...

Kanaa'ol Badhaadhaa tin

Ammaaf asumarrattin xumura. Kitaaban gaaftokko argattuu laata? Wagga kudhan fixus dhimmasaati, nan abdadha. Yaada waliigalaa nan fedha. Galatoomaa! @lammiiif